

Hayyee hayyee akkam jirtu yaa maatii milkii events akkasuma sona jaalalaa.

Mee egaa yeruma hunda waan ijoo haasa'uun nama nuffisiisaa,har'ammoo takkaan isin seeqqachiisa.

Egaa maal ta'ee seetan: mucaa baay'ee fokkuu ta'e tokkotu ganda keenya jira ture.mucichi egaa baay'ee baay'uma tokko fokkuu waan tureef namuma biyya biyya Itoophiyaa jedhamtu kanaayyuu hin fakkaatuu,maarree kanumarraan ka'ee namni baay'een nama biyya Afrikaa biraatirraa dhufe se'u. anumtuu gaafan ganama ganama ka'u gaaf gaaf hin irraanfadhu seetanii, sa'aatii muraasaf faana ture firootasaa yaadadhu malee. Akkasuma ta'ee garuu hiriyaan baay'ee jaaladhuudha. Egaa dubbii keenya ijoottii yaa gallutii: maarree nama jennaan dhukkubsachuu hin oolutii isinillee isin hin dhibinii, mucicha waliin kaa akka jiidhinaa takka ciniinne, foon jechuu kooti, daa'ummaattillee yoo nyaannee hin beeku malee erga of barree garuu yeroo jalqabaatiif foon nyaachuun keenya ajab isin jechuu danda'a, garuu ganda keenyatti osuma ijaan hin argin kan jaare jira. maalif jennaan yeroo hunda soomana, kana yoon jedhu ammo nuti ortoodoksii gadaamii jirru isinitti hin fakkaatin dhabaaf somanatti jirra malee. Ayii anaa ammas waanan isinitti himuu barbaade dheeresse mitii na oofkalchaa ka. Erga hiriya koo Irgixee wajjiin foon keenya haleellee kaanee maal taane seetan kaa, Irgixeen yaa garaakoo hin jedhu seetanii ,karaanis nurraa hiixuu gatii ta'eef farduma kootti fe'een isaan ka'ekaa yaaboo. Silaa namni Irgixeedhan Oromoo jedheenii Afaan Oromoo itti haasa'u namoonni gugurraalee fofokkuun akka Irgixee afaan biraa danda'an hin jiru jedhanii yaaduu ta'a. maalumaafuu Irgixee koo tirseen kilinika takkatti fudhadhe. Irgixeen jaanja'ee homaa hin dubbatu. Narsittiin tarii afaan wallaalee jettee,isheenis ammuma humna ishee itti caccabsuuf jettikaa. "where are you sick"sii jetteen. Irgixeen mandarattiikaa diyaasporaa of godha. Kilinikittii magaaluma London nutti godhan kaa jedheen eegaa ture an. "my stomach is eating" garaati na ciniina jechuu isaatiikaa.. Irgixeen koo tanas gale gaafan jedhu, namoonni duraan yeroo nursittiin dubbaattu seeqan, amma kolfaan imimmaan haqachaa ofirraattiin jijjigan seetanii firakoo,ajab namoonni kun itoo faranjiin isaanitti dubbatee kolfatu lubbuu isaanii baasa.

Kan mandara keenyaa gudiin hin dhumuutii, intala takkatuu ammo Ingiliiffuma itti dheekame kana nan danda'a jettee qabaa na gadhiisaa jetti. Warqituu jedhamti. Nuun gaafa madaalamtu dhuguma nii dandeessi(book, pen,pencil) kana kana waan beektuf nutis baay'uma ishee ajaa'ibsiifanna ture. Maarree gaaf tokko doqdoqqeedhaan faranjichi wayii mandarattii Irgixee fi Warqeen ingiliiffan miila takkaan dhaaban kana sii dhufekaa. Nuti

itti gad yaanee faranjicha ilaalu malee homaa dubbachuu dadhabne. Anatu ammo Warqee maalif hin yaamnu faranjichi kun afaan ishee san beeka natti fakkaate jennaan, yaamnee gaafa waan jechaa jiru nutti himi jennuun, erga baayee dhaggeeffattee bitaa itti galee booda. “Fayyuma nama dhamaaftuuyii, qaaman guddate malee daa’ima mitii afaan hin hiikkanee bar” jettee nu loltee deemtekaa firakoo. Ajaaba addaannan araashii itti fakkatessaa.

Warree gugurraalee adiin ammoo dhiifama jedheera, fofokkuun akka Irgixee ammoo Oromiyaa nuuf dhiisaa, Oromiyaan kan bareeddanii qofaa.

Egaa yoo Ingiliiffi mandara keenya kun isinitti tole mandara keenya koottaa jenna lakkii jennaan ammo subscribe nu godhaatii torbeedhan ingiliiffa ganda keenyaa kana baradhaa isiniin jenna.

Ulfaadhaa, horaa bulaa deebana.